Hujjii Cimaa Bakka Maratti/hundatti Mirkaneesuu

Mataa Dub'i

Bakki itti baratan hundee hujjii tenaa ti, fi barsiiftotaaf hojjatootaa waan isaan barbaachsuun hidhatanii baratooni marti/hundi, bakka itti baratan maratti/hundatti bulchaa guutuu keessatti, barmoota cimaa fedhii isaanitiin walitti dhufu akka argamsiisan godhuu dha.

Baratooni teenna waan ifaa taye, barmoota mana barmota kaanii kaanin wal-fakkatu barmoota baratoota eega barmoota fixatan hujii argatuu/seenuu akka dandayan isaan kurfeesu; laafina qaban jabeesu, sistama gargaarsa irratti hundaaye, gargaarsa dhiyeesuu dandayu fi ka feedhii baratootaa eeguf bilisa taye qabaatu dha.

Haala/Furmaata Tayee Argaman

Xiyeefanaa bara kana keessa waan adda addaa titu jira.

Barmoota Hisaabaa tif Saayins'i walitti Sireesuu – Xiyeefanaa dhaf haala madaala qabuun barmoota waan dhiyeesinuuf baratooni teenna gudina cimaa gama dubbisuu dhaf barreesu dhaan agarsiisanii jiran. Amma xiyeefanaa kana fakkaatu gama barmoota hisaabatiif saayins'i fiduu qabna. Yeroo amaa baratoota teenna waa xiqotuu dandeetii cimaa barmoota saayinsiif hisaabatiin agarsiis'a jiran. Dandeetii saayinsii fi hisaabaa cimsuun/ijaarun baratooni teenna dandeetii fi barmoota isaan barbaachisu argatanii hujjii dhaf akka kurfaayan isaan gargaara. Barmoota hisaabatiif saayinsii walitti sireesun dandeetii yeroo baratan jabeesuu duwaa osoo hin-tayin, baratooni waan bara duraa baratan irratti akka dabalatan/barmootan gabatan isaan gargaara. Barmootni walitti siraaye bulchaan gargaarsa maneen barmootaa tif baratoota – waan isaan iraa eegamu ka wal-faakaataa tayeen, balbala baratan kanaa kaaniti, mana barmootaa kanaa kaaniti yoo wal-fakkataa tayee bulchaan woyoomina barsiiftotaa xiyeefatuu dandayan jechuu dha.

Daataa Darajaa/bakka Baratooni jiraniin Dhiyeesuu – Barsiiftotaaf gargaartoni barmootaa dataa darajaa baratootaa yeroo yerotti gaafatuu dhan jabeennaf dadhabii baratooni qaban yoo hubatan barmootaf gargaarsa laatan akka woyeesuu dandayan nu gaafatan. Barsiiftotaaf Itti gaafatamtoota waliin hojjatuu dhan qormaata haala wal-fakkaatu qabu barsiiftotaaf gargaartota yeroo barbaachisaa tayetti hubanoota barbaadan iraa argatuu akka dandayan irratti kurfaay'a jirra.

Haala Maneen Barmootaa Hujjii isaanii Itti Hojjataniin Lafaa Qabaatuu – Maneen barmootaa baayen baratoota teenna haalan barsiis'a jiraatan ilee, maneen barmoota marti/hundii woyayuu dandayan/qaban. Haala hujjiin itti hojjatamu lafaa qabaatun maneen barmootaa bakka akkam akka dhaqaban akka hubatuu dandeenu nu gargaara. Maneen barmootaa hujjii hojjatan laalchisee gargaarasa, bakka bu'iinsaf bilisumaa hama barbaachisee qabaatuu dandayan. Nu barsiiftota, itti gaafatamtoota, fi maneen barmootaa adda addaa waliin haala iraa baruu dandeenu lafa kaayatuu dhan bara barmoota 2008 -09 hojjatuu dhaf kurfooynee jirra

Gaafilee Hawaasaf

- Wanni caalatti baratuu barbaadan maali?
- Wanni ifa hin-tayin maali?
- Wanni nu jala-dabre/ jalaa-miliqe maal isinitti fakkaata?
- Haali qunamtii isin waliin itti goonu takkaa wal-waliin hoojjanu akkami?